

مؤسسة دار الفكر  
Dar Al-Fiker Foudation  
فننفة - إئوبفا



*Islamizatin: reforming  
contemporary knowledge*

*Dr. Abdulhamid Ahamed Abu Sulayman*

*Beekumsa Ammayyaa  
Islaamummaan Haaromsuu*

**Qopheessaan:**

*Dr. Abdulhamiid Ahamad Abuu Suleeymaan*

**Hiikaan:**

*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2017 G.C

**Islamizatin: reforming  
contemporary knowledge**  
Dr.Abdulhamid Ahamed Abu  
Sulayman

**Beekumsa Ammayyaa  
Islaamummaan Haaromsuu**

Qopheessaan:  
Dr.Abdulhamiid Ahamad Abuu Suleeymaan

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al  
Fikiriitiif Seeraan Eggamaadha*

**Finfinnee – Itiyooophiyaa 2017 G.C**

**DF-E-TrBs -17/22**

## BAAFATA

Yaadannoo gulaaltotaa.....	3
<b>I. Rakkoowwan Beekumsaa .....</b>	<b>4</b>
A. Burjaaja’inni beekumsaa akkamitti akka jalqabe .....	6
B. Qoqqoodama Hooggansaa .....	8
<b>II. Rakkowwan yeroo ammaa yaada Islaamummaa</b>	
<b>keessatti mul’atan .....</b>	<b>14</b>
A. Sirreeffama walitti dhufeenyahayii fi sababa jidduu jiru .....	16
B. Daangaa beekumsaa irra deebi’anii ibsuu.....	20
C. Bu’uura misooma Islaamummaa fi baruumsaa hundeessuu.....	23
<b>III. Damee barnootaa islaamessuu: saayinsii siyaasaa .....</b>	<b>29</b>
A. Fakkeenyota hanqinaa.....	30
B. Al-kilaafah: Qorannoo fakkeenya Burjaaja’uu.....	33
C. Yaadotaa fi Jechoota yaada Islaamummaatiin Alaa.....	39
1. Dimookiraasii.....	40
2. Birmadummaa .....	43
3. Gargar-bahiinsa dhaabbilee amantii fi mootummaa.....	45
D. Qu’annaa Saayinsii Siyaasaa Yuuniversiiwwan muslimmaa keessatti.....	48

## YAADANNOO GULAALAA

Barruun kun rakkoowwan ummataa fi biyyoota Islaamaa addunyaa har'aa muudataa jiran gabaabbinaan kan tarreessuu fi rakkina yaadaa har'aatiif sababa ol-aanaa ta'an kan ifa galchuudha. Barruun kun Islaamummaan jalqaba sababaa fi beekumsa kabajaa cimaa akka qabuu fi injifannoo dinqisiisaa akka argamsiise eeruudhaan rakkinni ummataa fi biyyoota Islaamaa muudate ciigoo kan qabuu fi gaddisiisaa akka ta'e falma.

Wantoonni booda irra uumaman garuu qoodama hooggansaa lama kan argamsiisanidha. Isaanis:-hooggansa siyaasaatii fi kan beekumsa fayyadamani.kan jalqabaa tarkaanfiiwwan hamaa fi cunqursaa mata-jabeenya fi wallaalummaan deebii kan kennani.Kan boodaa immoo dhaabbataa turan.Haala kanaan *ijtihaanni* jabaa fi hubannoo qabukan yeroo *kulafaa al-raashidiinaa* (bakka buutota musliiaa) cufamuun jaalala hiikaan alaa, aadaa wanta qabatama hin qabne, lolla'ama yaada fi uumamaatiif bakka gadi dhiise.

Yaaliin humna jalqabaa, sirna naamusa Islaamaa ol-aanuun waliin deemu, jireenya ammayyaa haala dinqisiisaa fi xaxamaaibsu, falmii barruu kana keessatti daraan dhiyaate.

Adeemsa kana keessatti, kallattiiwwan walii galaakan duriitii fi kan ammaa gadi-fageenyaan kan xiinxalamanii fi iddoowwan falmii jajjabni fakkiidhaan itti ibsamani.Ol'aantummaan kan irratti xiyyeeffatame fooyya'ina fi yaadonni *Ijmaa'aa*, *Iftaa'i Fi Qiyaasaa* irratti.Kun yaadota akka sababaa beekumsaa fi barnootaa hariiroo ibsa tooftaawaan haala qabaniin dhaqabsiifamee jira. Yaadota jabanaa fi ergifataman kan akka

dimookraasii fi walabummaa (birmadummaa) akkaataa itti islaameffaman daree barnootaa siyaasaatiin kan qoratamedha.

### **I. Rakkoowan beekumsaa**

Qorannoon kun burjaaja'insa yaadaa yeroo ammaa addunyaa musliimaa keessa jiru kan mari'achiisu, kufaatii fi boodatti hafiinsa ummaatiif sababa bu'uurawaa akka ta'e kan ifatti ibsuudha. Akkasumas gahee dhaabbanni dhimma musliima addunyaa rakkoowan kana furuu keessatti qabu gabaabinaan nuuf hima.

Ergaan akkanaa yaada beekumsa Islaammummaa of-dura fiduu hin oolu. Jalqaba qorannoon akkanaa yaad-sammuu hayyootaa qofa moo, dhimmi haqa qabeessi qabatamaan qoratamuun barbaachisu jiraachuun isaa murteeffamuu qaba. Namni haala hawaasni itti jiru hubannoo qabu jeequmsi sababoota kana irraa uumaman jiraachuu isaa hubachuu hin dadhabu. Rakkooleen kunis;

1. Boodatti hafiinsa

2. Dadhabina bakka hunda jiruu fi dhiba'ummaa

3. Akka tokkotti yaaduu hayyootaa (stagnation)

4. Dhabamiinsa *ijtihaadaa*

5. Dhabamiinsa fooyyi'iinsa aadaa fi

6. Barteewwan qaroomina Islaamummaa bu'uuraa irraa maquu.

Dhimmoonni kun hundi karaa tokkoon ykn kan biraatiin rakkina addunyaa muslimaa keessa jiru agarsiisani. Rakkoon kan sababaa, roga kufiitii fi dadhabina ummaa akka ta'e hin shakkamu. Akkasumas, haala murtaa'een akka hin gumaachine

kan dhoorge ykn Aadaa fi Qaroomina addunyaa ammayyaa haala ijaaruun akka hin gumaachine kan ittise. Dadhabinni kun caalatti akka itti cimuu kan godhe, rakkinoota siyaasaa, diinagdee fi waraanaa deddeebi'ee adeemsifame.

Yeroo rakkoo *ijtihaada* yaada Islaamummaa keessa jiru mari'annu ykn garaagarummaa sirnoota Islaamummaa fi gochoota muslimootaa ykn sababoota garaa garummaa durii fi kan ammaa ykn faaydaa fi alatti dhiibama naamusa Islaamummaa yeroo dubbannu; rakkinni hubannoo beekumsaa hawaasa musliimaa kufiitii keenyaaf sababa tokkoodha. Hubannoo dogongoraa kana dhabamsiisuun mul'ata iftoomaa fooyya'ina, bu'a-qabeessa fi hawaasa kallattii biraa irra deebisuun qajeelchuuf barbaachisaadha. Duubatti hafa haa ta'u malee, hawaasni qabeenya uumamaa, dandeettii birmadummaa ykn roga seenaa dhabee hin beeku. Hanqinni naamusaa fi safuu hin dhabne, ammas seerotaa fi sirnawwan, qajeelfamoota yeroodhaan kabajamanii mirkanaa'an Qur'aana keessatti ibsamani fi hadiisa keessatti qabataman qabuudha.

Dabalataanis, ummaan yaaliiwwan muraasaa fi turtii gabaabaa godhan: Morookoo, Suudaan Odola Lafaa Arabiyaa, Kutaa Ardii Indiyaa fi Biyyota Muslimaa kaawwan keessatti ragoota yaada aadaatiin tilmaamuudhaan haala kufiitii fi duubatti hafinsa irraa of-fooyyessuuf yaaliiwwan godhan. Yaaliiwwan sunniin hundi garuu muslimoota gammoojjii ho'aa fi naannotabaadiyaa keessatti qofa kan daangeffaman ture.

Ummata magaalaa irratti dhiibbaa uumuu ykn harkisuu hin dandeenye. Humnootni magaalotaa gur-guddoo rakkina

aadaa, beekumsaa fi guddina dhaaba hawaasa muslimaa, dadhabinaa fi jibbaa qaban falmuu hin dandeenye. Yeroo hawasni musliimaa tooftaawwan alaa fayyadamuuf yaalii godhan, muxannoo hadhaawaatu mudate. Kun Turkiitti yeroo mootummaa Sulxaan Saaliimii fi Masritti yeroo mootummaa Muhammad Alii irraa jalqabee kan muldhate ture. Muxannoon Turkii hedduu kan duriiti fi waan hunda qabeessadha.

Biyyoonni tun tooftaawwan, dhabamiinsa fi akkaataa beekumsaa biyyoota alaa waraabuu fi fakkeessuuf yaaliin isaan godhan heerota siyaasa isaanii, yaada sabummaa fi amantiin alaa dhiibbaa mootummaatiin raawwatamu irratti hundeessuuf yaalii godhanii turan. Haa ta'u malee, yaaliiwwan akkeessuu kun kufiitiin kan xumuraman turan. Akkaataan biyyoota aadaa durii hordofan akkeessuu kun waan bu'a dhabeessa ta'eedha.

Lamaanuu kaayyoowwan *ummaa* galmaan ga'uu hin dandeenye. Dandeettiin, beekumsa, hawaasummaa fi aadaa ummaa, sirnoota, qajeelfamootaa fi ilaalcha seenaa irratti hundaa'uun haala haaraan ibsuun deebisanii ijaaruu barbaachisaadha. Beekumsa irra deebi'anii hubachiisuun deebisanii ijaaruu akkanaatiif qabxii jalqabaati.

### **A. Rakkinni (burjaajiin) beekumsaa akkamitti jalqabe**

Beekkumsi fooyyeffamaa fi misooma uummaatiif sababa bu'uura akka ta'e hubachuu qabna. Jalqaba isaa irratti, Islaamni caasaa fi amala ummaa hundee beekumsaa cimaa maddoota sirna qabaniin argaman, maqaa dha'uuf ibsa Rabbii fi sababa si'aawaatiin ijaaruu danda'ee jira

Qajeelfamni Rabbi nabiyyii Muhammadiif (SAW) kennee ragaa mul’ataa akka inni jireenya namaa fakkeenya ta’u godhee jira.

Qur’aanni ifaan beekumsaa fi barnoota argachuu, akkasumas muxannoo irraa barachuu jabeessee jira. Wahyiin jalqabaa akka nabiyyiin ilmaan namaa barumsa akka barbaadanii fi beekumsa akka argatan akkaataa qajeelcha Rabbiitiin kan waamu ture. Rabbiin akkana jedhe:

أَقْرَأْ بِأَسْمِ رَبِّكَ الَّذِي خَلَقَ ﴿١﴾ لَئِلْخَبْرًا: 1

“Maqaa Rabbii keetii isa waan hunda uumeetiin dubbisi” (Qur’aana 96:1)

Nabi Muhammadiin irra namni dandeettii hooggansaa qabu hin jiru. Ta’ullee isaan dhimmoota hunda irratti hiriyyota isaanii kan mari’achiisan turan. Kun dhimmoota muslimoota dhuunfaa fi walitti qabaan qajeelchuuf kan ol’aantummaan caalchisee fi yeroo tolaa fi nageenyaa sirritti guutuun akka hoogganan isaan taassise.

Ga’een humna isaanii kufaatii addunyaan dhihaa *Usmaaniyyoota* (the othomans) falmuun agarsiisaa fi aadaa bara beekumsaa (*the age of enlightenment*) jedhamee waamamu hanga jalqabutti ture. Beekumsa kana keessatti warri dhihaa humnoota isaanii deebisanii gurmeessan, muslimoota akka injifatanii fi seenaa keessatti akkahumna ulfaataatti ba’anii jiru.

Gara biraatiin yeroo minjaala maranii fi madaalliin humnaa karaa dhihaa gara gale, deebiin muslimootaa irra guddinaan kan siyaasaa fi waraanaa kan ture, hafuura wareegamummaa fi haqaa biyya isaanii akka eeganii fi aadaawwan isaanii jabeeffatan itti fayyadamuu hin dandeenye.



Ummaan duubatti hafaafi safuuwwan amantaatiif of irratti amantii dhabuun humna dhihaa falmachuuf yaalii godhus, bu'aan isaa dhangala'a dhiigaa, jeequmsa diinagdee fi adeemsa jireenya hirdhina walii galaa fide.

Xiinxalli walitti dhufiinsa biyyoota muslimaa lama fedhiwwan muslimootaa ol'aanaa akka faayidaa irra hin oolle akka taasifame muldhisa. Turtii yerootiin beekumsi ni quucare, amalli Islaamummaas ni dadhabe. Gabaabinaan bakkeewwan aadaa fi beekumsaatiin fedhii wareegamaa fi haqummaa muslimoota murannoo qaban biratti itti fufus; xinnaachaa deemuun itti fufe.

Wantoonni naamusa qabeessummaa fi qulqullinni akka dorgommii, humnaa, wanta haaraa jalqabuun, jabummaan, dandeettiin wanta haaraa uumuu fi qaroominni amala fuula hawaasa musliimaa duraa "*Kanbahaa*" kan ta'e, kan muslimoonni humnoota seeraan alaa, jeequmsaa fi hammeenyyaa akka injifatan kan taasise qofa osoo hin ta'in; kabajaa argamsiisee fi addunyaa hunda irratti dinqisiifama kan goonfachiise badanii jiran.

Naamusni muslimoonni qaroomina ol'aanaa akka uumangodhan kun akkamitti akka badan kan nama dinqisiisu, humnaa fi dandeettiin fala barbaaduu akkamitti akka afoolla'e, amalli Islaamummaa maaliif akka gadi bu'e fi sirni Islaamummaa akkamitti akka diigame kan nama dinqisiisuudha.

### **B. Wal-Qoqqoodiinsa Hooggansaa keessatti**

Jajjabinni hawaasa Islaamaa sirna *kilaafaa* keessatti kan hundeeffame fi kan uumame nabiyyiidhaan madiinaa keessatti ture. Garuu yeroo adeemsa ittisa naannawa madiinaa fi

injifannoo alaa namoonni gosaa waraanatti seenan. Amaloonni yaadaa fi kunuunsuun namoota kanneeni sadarkaa waahillan nabi Muhammad (RAA) warra mootummaa madiinaatti hundeessan irraa baayyee gadi bu'aa ture.

Gootummaa *kulafaa* kakaase dhabuun, namoonni gosaa kun sirna haaraa, yaadota mootummaa Islaamummaatiin duraatii fi yaadota Islaamummaa cinaan jaalataman walitti makuun aangoo argachuu barbaadan. Sirni wal-makaan sun dadhabinaa fi diigama booda dhufeef qabxii jalqabaati. Qaamonni hooggansa barteewwan gogaatiin kan qajeelfaman yoo ta'anis ummanni *Hijaaaz* dammaqina Islaamummaa haqaa kan bakka bu'an sirna gosummaa haaraa kana fudhachuu diduun qabatamaan irratti fincilan. Falmiin Kun loltoota keessaa namoota amantaa jabeessan kan akka Huseeyn Ibn Ali, Abdullaah ibni Al-Zubeeyri, Zaydi ibn Alii fi kkf fa'aan kan hogganame ture.

Haa ta'u malee, fedhiin fincilaa sababoota lamaaf Hijaaziin keessatti kan daangeffame ture. *Jalqaba*, ummanni muslimaa haaraa amantaatti seenan barnoota Isalaamaa wajjiin sirritti wal-hin barre ture. *Lammaffaa*, akkuma namoonni hedduu Islaamummaa fudhachuu jalqabaniin, isaan wajjiin barteewwan fi amaloota aadaa Islaamummaa duraa fidan. Dabalataanis, addaan ba'iinsi amantaa fi siyaasaa booda irratti hooggansa beekumsaa kophaatti hambise.

Hayyoonni amantaa ilaalcha qondaaltota siyaasaatiin yeroo hunda akka bakka bu'oota mormitootaatti, hanga danda'ame qabsoo siyaasaa irraa akka fagaatan dirqisiifaman. Kanaaf, *Imam Abuu Haniifaa*n aangoo seerumma ol'aanaa fudhachuu waan didaniif mana sirreessaa keessatti

du'an. *Imaam Maalik Ibn Anas* xalaaqa dirqamsiisaa fedhiiwwan hoggantootaa mormuun murtii waan kennaniif qaama isaanii irratti miidhaan raawwatame.

*ImaamuShaafi'iin Bagdaad* irraa gara Masrii akka baqatan dirqsiifaman. Wal-dhabbiin hooggansa ulamootaa fi siyaasaa wantoota caasaa hawaasa musliimaa laamshessan kan akka gowwoomsuu, wallaalummaa fi of jajuu uume. Yaadni amantaa sadarkaa yaadaatti akka hafu, qabatamaan jireenya too'achuu akka hin dandeenyee, muxannoo fi qorannoo madaaluuf akka hin dandeenye daangeffame. Haaluma kanaan yaanni hawaasa musliimaa mataan isaatii fi hooggansi isaa goguu jalqabe. Gogiinsni kun yaada Isalaamummaa qabatama hin qabnee fi sirna hin qabne.

Hawaasni musliimaa yaadota, fedhiiwwanii fi wantoota guddinnaaf barbaachisan akka addaan ba'u godhan. Gara biraatiin, jallinni hooggansa siyaasaatiif adabbiwwan mormitoota hunda cal'isiisuuf fudhate hojii hooggantoota beekumsaa caalatti rakkisaa taasise.

Wal-amantaa dhabuun aadaa ta'e. Ulamoonni wanta namoota siyaasaatiin hojjataman hunda shakkuu jalqaban. Shakkiin kun hooggansa hayyootaa biratti ilaalcha araara hin qabne uume. mata-jabummaa, daandiiwwan ijtihaadaa, barnoota Qur'aanaa fi Hadiisaa keessatti ajajaman wanta maqsanii fi dhugaa qabeessummaa isaanii sodaachisan irraa eeguuf yaalii godhamu cufe.

Mata-jabummaan akkanaa hubatamaadha. Garuu hooggantoonni beekumsaa yaaliiwwan isaanii yaada qabatama hin qabne irratti xiyyeeffachuunii fi dhibdeewwan

daangeffamuun fidan fagootti ilaalanii hubachuu dadhaban. jireenya guyyaa hundaa keessatti hojii irra ooluun barnoota Islaamaa ilaalchisuunis waldhabiinsa biraatu jira ture. Waldhabdeen kun hojiiwwan beekumsaa muslimootaa kan hiyyoomsee fi amala, aadaa fi qaroomina muslimootaa kan dadhabsiise ture .

Guyyoota Islaamaa durii keessatti ilaalchi (tiyooriin siyaasaa fi diinagdee) Islaamummaa afuura ka'uumsaa, walitti dhufiinsa bu'aa qabu wanta hunda kan qabu, dorgommii fi anniisaa kan qabu ture. Akkasuma yeroo gootummaa beekumsaa fi dhaabbata naamusaa kan kunuunse ture. Qullullinni kun afuura Islaamaa guututti jiraataa akka ta'u, galmaawwanii fi kaayyoowwan ifatti akka ibsaman, hubachiisamanii fi afoolla'an taasisuun tursiisee jira .

Waldiddaan durabara Abii Bakrii jalqabe. yeroo isaan hubannoo dogoggoraa sammuuwwan namoota gosaan jiraatan Islaamummaatti seenan keessatti riphannan ibsan uumame. Ibsan irratti hundaa'uun, *Abubakri* namoonni gosaa zakaah akka kaffalanii fi Kaliifaaf akka waadaa seenan dirqisiisan. Haala wal-fakkaatuun, *Uma rdhimmoota* karaajaa fi xalaaqaaf furmaata kennuuf gara ijtihaadaa fuula gargalfatan.

*Ali Ibni Abii Xaalib* dhimmoota hedduu irratti ejjannoo wal-fakkaatuun gargaaraman. Haala amansiisuun, bara *kulafaa'a* afranii (al kulafaa al raashidiin) itti fufiinsa uumaa yeroo nabiiyyii ture. Haa ta'u malee, akkaataan bara isaanii heddu keessattuu hojii bulchiinsaatiin rakkoowwan isaan qunname furuuf hubannoo gadi fagaataa fi hordoffii shari'aa cimaa qaban ifaan muldhisu.

Yeroo san dhimmoonni teeknikaa, yaadaa fi beekumsi akaadamii hin beekamu ture.yeroo garaa garummaan ulamootaa fi hooggansa siyaasaa jiddutti babaldhate haala rifachiisatu uumame. Wal-dhiibbaan kun qaama seeraa fi siyaasaa Islaamummaa kun fedha Islaamummaa dhugaa irratti miidhaa geessuun kan nama dinqisiisuu miti. Akka yeroon taruun,yaadni Islaamaa jiruu dhabaa ta'e.

yeroo sirna khaliifaa afran jalqabaa hoggantoonni amantaa fi siyaasaa jiddutti madaala walta'iinsaa kan itti ummanni amantaa fi hojiin khulafaa sirna naannawwanii fi kaayyoowwan Islaamummaatiin guututti kan kabajan waan ta'aniif hordoffii ummataa kan injifatan turan. Bu'aawwan muuxannoo fi yaada isaanii nagaa ummaataatiif akka fayyadu godhame.

Addaan qoodamnii fi waldiddaan kan biyya lafaatii fi kan ruuhii jidduu hin jiru ture.kulafaan beekumsi ilma namaa hanqataa ta'us daangaawwan ibsa Rabbiitiin kaa'aman keessatti fayyadamuu akka danda'an jabeessanii kan amanan ture. Yeroo hooggansi humna dhabe garuu, addaan fageenyi amantaa fi siyaasaa jidduu jiru ni babaldhate. sababa sammuu irratti abdii godhuun itti fufe. yeroma kana muslimoonni biyyoota biraa qabataniif fi hooggansi walitti dhufeenya beekumsaa fi aadaan argamu cimina dhabe. keessattuu mana murtee fi geengoo siyaasaa biratti.

Akka bu'aatti hordoffiin akkaadaamii fedhaa fi kaayyoowwan Islaamummaa sirnaan kan hin kabajne ta'an. Akeekni kun akka haasawnii fi dandeettiin dubbii fi falmii kijibaa ifatti muldhachuun jaalatama argatu taasise .

Namoonni aangoo irra jiran, beektota falaasamaa, dubbattootaa fi seenessitoonni gargaaruun haala isaa caalatti gaddisiisaa taasisan. Tola ooltummaa fayya-dhabeessi akkanaa sochiiwwan mankaraarsitoonni akka *ikhwaan al safaa' baaxiniyyaa* fi suufiyyoonni akka uuman godhe.

Hordoffiiwwan beekumsaa kunniin fedha Islaamummaatiin kan hoogganaman hin turre. Fakkeenyi ifa gala boohaartii haasawa uumamaa hunda irraa ol'aantummaa Rabbiiti. Ergaan akkanaa yaada Islaamummaa keessatti bakka hin qabu. Qur'aanni ifaan akkana waan jedhuuf:-

لَمْ يَكِدْ وَلَمْ يُؤَكِّدْ ﴿٢﴾ وَلَمْ يَكُنْ لَهُ كُفُوًا أَحَدٌ ﴿٤﴾ إلخ الص: 4-3

“*Hin dhalle hin dhalannes, hiriyyaan tokkos isaaf hin taane*” (112:3-4)

Haalli faallaa amantii bu'aa hin qabnee fi wanta qabatama qabu irratti amanuu to'annan ala ta'e. Bara kana ulamoonni (beektonni) muslimaa beekamoon kan akka: *Al-Gazaalii fi Ibni Taymiyyaah* kan dallansiise, jireenya isaanii maqama gartuulee amantii kanaan raawwatame saaxiluun akka dabarsan taasise.

Qabsoon yaadota alaatiin fi aadaa ittisuuf godhame bu'a dhabeessa fi ulamoonni muslimaa caalatti akka shakkii keessa seenanii fi dubbii falaasamaa keessatti agarsiifama sammuu akka jibban godhe.

Achi irraa eegalee, hordoffiin barumsa akkaadaamii, kitaabotaa shari'aa gadi fageenyaan ibsuu, Afaan Arabaa fi qorannoo seeraa irratti caalaa xiyyeeffataa deeme. Kallattiin akkanaa yaada sadarkaa lammaffaa, kitaabota dhugoomsuu fi hiikkaa jechootaa fi waan faaydaa hin qabne irratti

xiyyeeffannoon akka godhamu mijeesse. Bu'aan kanaa dorgommiin beekumsaa akka dhabamu karaan *ijtihaadaa* akka cufaman, qorannoowwan kitaabaa xiyyeeffannoon akka jajjabaatu ilaalcha yaad-diddaa (tiwooriitii)n akka irra deddeebi'amu taasise.

## **II. Rakkowwan yeroo ammaa yaada Islaamummaa keessatti mul'atan**

Wal-dhabdeen yaada amantaa Islaamaa yeroo ammaa kan durii caalaa kan nama rifachiisu. Amanuun, kophatti hafiinsi yeroo dheeraa kanaan dura ka'ame dandeettii fi beekumsi ga'aan akka dhabamu yaada gadi fagaataa kan hin qabne uumus, sababni jeequmsaa guddaan kanaa miti. Caalatti qabxiitti qajeeluuf, dadhabina xiinxaloota keenyaa, hamma jijjiirama beekumsaa, aadaa fi qaroomina addunyaa hammayyaa madaaluu dadhabuudha.

Akkasumas dadhabiinsi wal-maddii qabani ilaaluu qabxiwwan jabinaa maddoota beekumsa Islaamummaa fi muxannoo darbe irraa barachuutis ni jira.

Akka bu'aa haala kanaatti, ummanni *ijtihaadni* akka duriitti deebi'ee akka ijaaramu fedha hatattamaatu itti dhaga'ame. Waamichi kun deebiiwwan wal-didan uume. Namoonni gariin seerri haqame akka deebifamu mormataa turan. Ta'us, *ijtihaadni* akkuma itti danqarametti, dandeettii fi ga'umsaa akka dhabeetti hafe. Asii fi achitti garuu, darbee darbee muldhinni yaada sirna qabuu kan kallattii beekumsaa, yaadaa fi aadaa ibsuu danda'an mul'achuu jalqabanis wanta

amaloota namoota jalqabaniir irratti hundaa’anii fi gara yaada sirna qabaniir walitti qabaatti bilchaachuu hin dandeenye.

Yaada deebisanii ibsuu fi kallattii jijjiiruun hubannoo waan sammun keenya danda’uufi hin dandeenye irratti jijjiirama addaa gaafata. kuns barbaachisaadha. Sababni jeequmsaa beekumsa, akkaataa beekumsa hubannuun keessatti waan hundaa’uuf kun ilaalcha sammuu qabnu joojjesse. Jeequmsi uumamaa akkaataa qorannoo Islaamummaa kan qorannoowwan afaanii, kitaaba, sunnaa fi sirna seeraa kan barame keessa illee kan jiruudha.

Ilaalchi lameen kun beekaan akka nama rakkina yaadaa, aadaa fi beekumsaa murteessu dandeettii fi ogummaa qabutti ilaaluu keenya keessatti kan hubatamu. Hayyuun seeraa akka uummanni musliimaa diinota isaa irratti qabsaa’u furmaataa fi filannoowwan addaa dhiyeessuuf *ijtihaadatti* fayyadamuu qaba. Beekumsa aadaa fi qaroomina keenya sochii Islaamummaa kallattii sirrii irra sochoosuuf, Amala muslimaa jabeessuuf fi da’awaa Islaamummaatiif karoora baasuuf haaroomsuu yoo barbaanne, karaawwan kanneen hundaan haaromsa jalqabuu qabna.

*Tokkoffaa*, qunnamtii ibsa Rabbii fi sammuu sararoota yaada kenya keessatti akka muldhatutti sirreessuu.

*Lammaffaa*, beekumsa waa’ee waan akka *ijtihaadaa* fi ga’eewwan akka *fiqhii* irratti haala Nama hin qabneen deebifnee ibsuu qabna. Karaa kanaan garaa garummaan ifa ta’e *ijtihaadaa fi iftaa’a* jiddutti sararfamuu qaba. Kuni ifaa fi kallattii walii gala yaada Islaamummaa ammaan tanaatiin jechuudha.



Sadaffaa, joonji miira beekumsaa, kan baruumsaa, kan hawaasaa, kan amantaa fi ramaddiiwwan seeraatti qooduun hooggansa keessatti miira (bifa lama) qabaachisee goolabuuf tooftaa barnootaa deebisnee gurmeessuu, ibsuu fi qajeelfama kennuu qabna.

### **A.Walitti dhufeenya wahyii fi sammuu (aqlii) jidduu jiru sirreessuu**

Ol'aantummaan biyyoonni dhihaa naannoo beekumsaa fi yaadaan milkaa'an guutuun guututti kan beekumsa sammuu malee wahyii Rabbii irraa qullaadha. Milkaa'inni baay'ee guddaa yaada dhihaataniin dirreewwan qorannootiin irra ga'ame.

Hayyuuleen dhihaa dhabamsa sirraawummaa fi madaalummaa Saba dhihaa keessa jiru waakkachuu hin danda'anu. Kunis kan uumame hojjatama dhaaba walitti bu'iinsa tooftaawwan muxannoon argamanii, nagaan hawaasaa fi hordoffii fedhiwwan dhuunfaatiini.

Sababni kanaa sammuu ilma namaa kophaatti dhugaa ol'aanaa jiruu addunyaa kanaafi jireenya du'a booda ilma namaa fayyadu irra ga'uu waan hin dandeenyeefi. Kufaatii kun qaroominni dhihaa yaad-didda (tiwooriiwwan) hedduu osoo hin yaadamin ta'aniif wal-falman keessatti waan badeef, yaad-didda walii galaa tokko irra ga'uun waan hin dandeenyeef ykn ofitti amanuun rakkoo kamiyyuu waan furuu dadhabeefi.

Maddeen beekumsa Islaamaa gara biraatiin ibsa Rabbiitii fi kaayyoowwan sammuu namaa kan qabataniidha. Wahyiin fi sammuu Islaamummaa keessatti madda beekumsaati

jechuun nama hin rakkisu. Garuu rakkoon hariiroo jidduu jaraa hubachuu dhabuu keessa jira.

Kun rakkoo fi falmii muslimoonni qunnamu qabaniidha. Sababni hanqinni dandeettii fi ogummaa beekumsaa ibsa Rabbii gufachiisuu waan danda'uufi. Sodaan waa'ee bu'aa dandeettii beekumsaa gufachiisuun, sirnaan ala fayyadamuun argamanii jireenya namoota muslimaa hin ta'inii rakkisaa jiran. Muslimoonni sammuu akka hin fayyadamne abdiin kan kutachiisan ta'uu hin qabu. Akkas taanaan muslimoonni carraa ol'aanaa Rabbiin kaayyoo jireenyaa ibsuuf sammuuf kenne dadhabsiisa.

Ibsa Rabbii sirnaan ala akka hubatan godhuun miidhama biraa geessisuu danda'a. Gochaawwan ummaa wallaalummaa muxannoo dhabiinsaa fi sababeessa (aqliin yaaduu) toofta dhabuun ga'an fakkiiwwan heddu lakkaa'amaniin hin dhumne eeruu ni dandeenya.

Hanqinoota akkanaa yeroo heddu ulamoota goolabbiiwwan sobaa ykn ilaalcha hiree dhabeessa irra akka ga'an godhuu danda'a. Kun wanta gaarii irra miidhaa caalu geessisuu, muslimootaa fi namoota muslimoota hin ta'in yaada Rabbii (SWT) irraa fageessuu danda'a. Sababni wal-dhabdee hubannoo walitti dhufiinsa ibsaa fi sammuu jidduu jiru irratti xiyyeeffatamuu qabuuf kana. Kana jechuun lamaan wal-xaxiinsa akka walitti hidhaman waliigalteen wal-fudhachiisuu jechuudha. Ibsi Rabbii bakka sammuu qalbi-qabeessi hin jirretti hin hojjatu, sammuu qalbi-qabeessi yoo ibsa qulqulluu fi salphaa irraa maqe hubannoo fi kabaja hin argatu.

Waan kana ta'eef, wiirtuun rakkoo dadhabbi dandeettiiwwan sammuu fayyadamuu dhabuu keessa kan jiru osoo hin ata'in, akkataa ittiin hojjatan, akkasumas qulqullina raawwii keessa jiru.

Sammun madda beekumsaa, yaadaa fi aadaa dhiisuun hin danda'amne. Ta'us, of eeggannoon daangaawwan kaayyoo jireenyaa fi caasaa ibsa Rabbii haala sirna qabeessaa fi fedha murannoo qabu kan yaada Islaamummaa dadhabsiisu osoo hin taane, kan gabbisu akka ta'utti ittiin fayyadamuun barbaachisaadha. Karaa kanaan gochoonni tasa ta'anii fi hubannoonni sobaa seenaa keenya jeeqanii dabsan dhabamsiisuu dandeenya. Kun ibsoota xinnoo xiyyeefama qabaniin akka goolabu kan qajeelchu. Beekkumsi nama tokko kallattii kanaan hin mirkanaa'in namni kamiyyuu qorannoo gadi fageenya ykn dhimma kamiyyuu irratti ilaalcha ofii kennuun fedhii bobbaasuun kan Islaamummaatii miti.

Wallaalummaan waan tokko ykn eenyuun ibsuu hin danda'u. Goolabbiwwan wollaalummaan irra ga'aman yeroo heddu kana faallessanii fi kan baay'ate Islaamummaa afoollessuu fi baraaxessuu irraa of qusachuu fi arjooma akka qabaannu nu ajaja.

Akkasumas fedhiwwan muslimootatiif xiyyeeffannaa kennuu dhabuun dhiibbaawwan wanti dubbannu amala isaanii irratti fidu hubachuu dhabuun Islaamummaa miti. Dandeettiiwwan sammuu sirnaan itti fayyadamuu dhabuun kan ka'e dhimmoota muslimootaa kunuunsuu dhabuun Islaamummaa miti. Xumura irratti qajeelfamoonni wantoota yaadaan jiranii fi sirnoota

Islaamummaa guutuun guututti wallaaluuf sababa kennuun Islaamummaa miti.

Fakkiin tokko qabxii kiyya naa ibsuu ni danda'a. Ulamoonni muslimaa sirnaaf gatii kennuu keessatti hiikkaa ifa gala kitaabota Islaamummaa irratti qofa hundaa'anii gatiiwwan too'achuu kan dhoorkan turan. Haa ta'u malee, hubannoon rakkoowwan uumamuu danda'an akka xiinxalan isaan taasise.

Qorannoo fi muuxannoon bakka gabaan bilisaa fi dhugaa hin jirreetti dhabamsi sirna gati qabeessa miidhaa akka sammuu waliin dha'uun haqa jallisuun ummata irra ga'uu akka danda'u ifatti muldhisa.

Sababa kanaaf sirna gateessuu guutuun guututti dhoorkuun hundeeffama Islaamummaa kan ta'an haqaa fi walqixxummaa ibsuu dadhabsiisuu ta'a. Kun kan muldhisu, sammuu faaydaa akka keennitu akka hojii irra oolee fi ifa afuura Islaamummaatiin qajeelcha sirnaawaa kennuuf dandeettii akka qabu kan muldhisu.

Durfama haqummaa Islaamummaa keessatti qabu hubachuun sirna gurgurtaa diinagdee irratti sakatta'iinsaa fi too'annaa gadi aanaa kaa'uu fudhachuu irraa tiyooriiwwan Ogummaa fi hubannoowwaniin hin jeeqamne.

Namoonni hubannoon isaanii barbaachisummaa sirna gateessutti isaan qajeelche taateen guututti akka hin xiinxalle fi akka hin hubanne isaan taasisee jira. Bittaa fi gurgurtaa madaallii qabu milkeessuuf gabaa deebisanii ijaaruu fi bu'uurawwan misoomaa faaynaansii fooyyessuuf hubannoowwan caalaan kennamuu kan qaban turan.

Seerotaittisan baasuu fi ittiin quufuun qofti ga'aa miti. jalqabni akkanaa imaammata gootummaa qabuu fi sirritti odeefannoo qabu kan calqqisiisu akka ta'e xiinxalamuu qaba. Gootummaan akkanaa wanta garii kaayyoodhaan sarara yaada Islaamummaa murannoo cimaa taateewwanii qorachuu fi akeekachiisuun qaruutummaan caasaa bu'uurawwan Islaamummaa argamuu danda'u ibsa.

### **A. Daangaa Beekumsaa Irra Deebi'anii Ibsuu**

Qorattoota muslimaatiin dhiibbaa gocha seenaatiin akkaataa ilaalcha isaanii irratti uumameen kan ka'e daangaa beekumsa Islaamummaa ibsuun itti gaafatamummaa *fugahaa* (*beektota Islaamaa*) durii qofa ilaalchi akka itti fufu taasise.

Isaan yaadaa fi *ijtihaada* jireenya ammayyaa deebisanii qindeessuuf dandeettii akka qaban amanuu, aangoon hayyoota seeraa kun falmiiwwan ummaa mudataniif deebii si'aawaa kennuu fi fedhiiwwan aadaa fi hawaasaa falmuu fi filannoowwan dhiyeessuuf hundeeffama ta'uu akka danda'an yaadu.

Hubannoon kun haqatti kan dogongoraati. Sababni isaas yaada naannoo beekumsa ammayyaa keessatti fudhatama akka hin qabne irraatti waan hundeeffamee fi. Keessattuu fiqhiin yaalii qalbi-qabeessaan filannoowwan Islaamummaa dhiyeessuu danda'uuf beekumsa ga'aa ni qaba jedhanii amanuuni. Akka seenaatti hubannoon kun irra jireenyatti dhugaadha. Sababnis, fiqhiin daldaala namaa, falaasamaa, herregaa, ogeessa fayyaa, carreesaa (keemistii) waan ta'ee fi.

Dabalataan,inni dameewwan baruumsa shari'aa Islaamummaa fi seeraatiin kan sirritti ogummaa qabudha.Dandeettii saniin dandeettiwwanii fi ogummaawwan beekumsaa adda addaatiin qorannoowwan Islaamummaatiif oolchuuf,fedha ummaatiif tajaajiluuf kan sirritti hidhatedha.

Beekkumsi ammayyaa hedduummaatee kan babaldhate ta'uu hubachuu qabna. Hedduu xaxamuu irraa kan ka'e nama tokko iyyuu ragaawwan dachaa hedduu dame beekumsa tokkoo qofa guututti beekuuf kan hin danda'amneedha.

Kana jechuun dandeettiin ogummaa dameewwan beekumsa adda addaatiif ijtihaadaaf barbaachisaa ta'e ogummaa addaa kan gadi fageenya guututti too'annoo demsisan irratti qabachuu kan gaafatudha jechuudha. Ilaalcha beekumsa adda addaa qabu kana akkasumas gosa garaagarummaa dirreewwan ogummaa tokkootti hayyoomuu keessatti ijtihaadni hubannoon jabaan furmaata seerotaatiin qofa dhiyeeffamu kan danda'anii miti.

Kun sirritti kan muldhatu seera tumtootaa fi seerota diinagdee, siyaasaa, odeeffannoo industirii fi qorannoo saayinsaawaa ykn jijjiiramaa isaan seeressanii fi ramadan keessatti. Namoonni kun qareessota beekumsaa, seeraawwanii fi dambiiwwan irraa argamani jechuun yaaduun hin danda'amu. Hubannoon milkaa'inaa fi fooyyeffama dirreewwan beekumsa ammayyaa irrati godhameen, ogeessota diinagdee, siyaasaa, bulchitoota, fi kaawwan dhimmoota adda addaa jireenya sabaa qabaachuu qabna.Ogeeyyiin akkanaa yeroo tokkotti beekumsa Qur'aanaa fi sunnaa si'aawaa, hubannoo naamusaa, safuuwwanii fi kaayyoo jireenyaa akka Islaamummaan

hubatamu fi hojiiwwanii fi gumaachi isaanii akka amansiisutti hubannoo sirna qabu kan kennuuf ta'uu qaba.

Ogeeyyiin sirritti beekumsaan hidhatan kun meeshaawwan madda seeraa tumuuf oolan hayyoota seeraa wanta ummaaf guyyaan guyyatti barbaachisu jireenya isaa humneessu guutuuf isaan fayyadu qopheessuu hin danda'an.

Haala kanaan bakkee ifa ta'ee, seera dirree beekumsaa keessatti ibsuu, akkasumas ogeessota ykn ummata irratti dhiibbaan hin heddummaanne ykn akka hin jallifamne qabatamaan dandeettii raawwii hawaasummaa isaanii xiinxaluuf ibsuu ni danda'ama.

Kana jechuun *fuyahaa* durii fi seera tumtoota irra hubannoowwan kan haqaa fi rakkoowwan haaraa, wal-xaxanii fi deebii kennuuf yaada argachuuf eeruu kan itti fufnu ta'a. Kun garuu murannoo gootummaa qabu beekumsa wal-cinaa akka qabaataniin ga'eessota wantootaa fi ulaagaawwan yeroo irraa eeggamuun jiraachuu ga'umsa qaban qopheessuudha.

Itti gaafatamummaan dabballeewwan barnootaa dameewwan adda addaa qaban kanaa garee addaa yaadaa kan seera tuman ykn abbaa aangootitti kan murtaa'e miti. Saba akkaadamii, bakka bu'oota gareewwan fedhii addaa qabanii fi qaamota seera tuman sagaleeffama fedhiiwwanii fi wantoota caasaa hawaasa ummaa irra ka'aniif itti gaafatamtootaan ga'amuu qaba.

Tooftaan kun human beekumsa ummaa ida'uu, wantootaa fi yaadawwan ummaa jireenya guyyaa guyyaa keessatti qunnaman hir'isuuf barbaachisaadha.

## B. **Bu'uura misoma Islaamummaa fi barnoota hundeessuu**

Akka seenaatti addaan qoodamuun hooggansa siyaasaa fi oggansa jabaa sababa dadhabiinsaa fi suuta suutaan beekumsi Islaamaa fi addaa akka dhabamu taasise. Akkasumas jeequmsa, wallaalumaa fi malaa maltummaa dabale.

Yeroo ammaa, sababa qallummaa seenaa qoodama sanii, dhiibbaa waraanaa siyaasaa fiadaabara kolaniitiin beekkumsi bifalama akka qabaatu ta'ee jira.

Beekumsa Islaamummaa kan jedhamu jiraatus, hanga yeroo dhihootti kaayyoodhaan kan daangeffamee fi seera qabeessa ture biyyoonni Islaamaa jedhaman sirna amantaa alaatiin injifataman seerawwan maatii fi dhuunfaa osoo hin hafin fooyyessuu, jijjiiruu fi jallisuuf ugganii jiran.

Biyyoota muslimaa keessa beekumsi amantaan alaa biyya alaati biyya keessa galfame jireenya hunda too'ataa jira. Deegartoonni guutuun guututti deebii kennuun wantoota haaraa yeroo hubannoon ala hordofutti jiran. Sirni amantaan alaa kun dhaabbilee, yunivarsiitiiwwanii fi jaar-miyya biyyoota Islaamaa adda addaa keessa jiraniin kan itti fufanii fi akka beekaman godhamaa jiru. Ramaddiiwwan beekumsaa lamaan uumu.

sababni ramaddiiwwan beekumsaa inni jalqabaa humna sochii guddinaaf barbaachisaa yoo ta'u hanqinni lammataa muslimootaaf diina biyya isaanii, kaayyoowwanii fi galma isaniiti. Sababa kanaaf namni tokko yeroo waa'ee akkaataa beekumsaa fi aadaa Islaamummaa haaromsuu fi deebisanii ijaaruu dubbatu, jalqaba fooyya'iinsa oomishtummaa fi guddina mijeessa mataa keessatti qabachuu qaba.



kaayyoon sun, garuu sagantoota barnootaa fi barsiisuu deebisanii osoo hin ijaaririi fi irra deebi'anii hin qajeelin hin milkaa'u. Abdii fi dandeettii, bifa beekumsaa lamaan sadarkaa hooggansaa jiran buqqisuun dabballeewwan ogummaa qabanii fi Islaamummaa tajaajiluuf murannoo qaban barnoota Islaamummaa salphaa fi itti yaadame qopheessuu irratti hundaa'a.

Akka jalqabaatti, dirreen, ogummaa addaa addaa hundi seera barnootaa keessatti akkaataa yaadaa sammuu barataa keessatti uumuu fi qajeelchuu danda'an. Kitaabota beekumsa amantaa lakkoofsa ga'aan qabachuu qaba.

Itti aansuudhaan, sirni barnotaa marti kaayyoowwanii fi safuuwwan baruumsa Islaamummaa haala uumamaa fi aadaa Islaamummaa haala guututti walta'iinsa qabuun calaqqisiisuu qaba.

Ummaan beekumsa kaayyoowwan Islaamummaatiin wal-gitan akka qabu dhaadachuu kan danda'u yeroo sani. tooftaan tuni yunuvarsitiin Islaamummaa fi yunivarsiitiin beekumsa amantaan alaa yeroo tokkoo fi bakka tokkotti waliin akka jiraatan hin mijeessu.

Kaayyoowwan yaadaa fi sirna barnootaa qorannoota seeraa fi afaanii irratti daangessuun barbaachisaa miti. Bakki kun jiru qorannowwan kaayyoo jireenya Islaamummaa guutuu, sakatta'iinsa fi too'annoowwan yeroo dheeraa kennuu fi qorannoowwan saayinsaawaa fi birmadummaatiif akkataa Islaamummaa hordofuun qofa argama.

Barnootaa fi barsiisuu akkaataa qulqulluudhaan gara Islaamummaa qajeelchuu fi akka kaayyoowwan Islaamummaa

guutuuf tooftaan murannoon ogummaa fi hirmaannaan hawaasummaa dirree hundaaf mijaa'uu fi ummaa muslimaatiif barbaadamu qabaachuu qaba.

Waa'ee hundeewwan fooyyeffamaa dubbachuun gara qorannoo xiinxallaa, tooftaawwan qorannoo fi hundeewwan yaadaa kan nama qajeelchu kun adeemsa fooyyi'iinsaa murteessuuf barbaachisaadha.

Walitti dhufiinsa irra deebi'amee ibsa beekumsaa fi ijaarama tooftaawwan qorannoo gara biraatiin yaada seena qabeessa hundeewwan yaada Islaamummaa jechoota kanaan wal-qabatan ifatti hubachuun barbaachisaadha.

Dubbii walitti qabaan, jechi *usuul* jedhu kan maddootaa fi tooftaawwan qorannoo yaada Islaamummaa keessa jiran kan ibsuudha. Ilaalcha wanta kanaan dura jedhameetiin, kallattiin fooyyeffama maddoota qorannoo qorachuu fi dhimma *usuulaa* hubachuu dura jalqabni walitti dhufeenya lubbu qabeessa murteessuu sirrii fakkaata.

Usuulli jecha dhimmoota walitti dhufiinsa hin qabne akka seenaa bakka tokkootti garteessee kan ibsu. Akka ilaalcha kiyyaatti wal-fakkeenya dhabuun kun madda joojja'a beekumsaa fi rakkoowwan tooftaata'ee jira. Jechi kun Qur'aanaa, sunnaa, qiyaasa fi ijmaa'aan kan dhaabbatuudha. *Ijmaa'iin* yaada seera walii galteen ulamoota ummaa ol-aanaan gaaffiiwwan seeraa maddoota barreeffaman keessatti hin ibsamin hin hirmaachisu.

Qiyaasni maddoota goolabbii bartee seeraa keessaa tokko. Wantoonni usuulaa kuuwwan *daruuraa* (wanta barbaachisaa), maslahaa (wanta yeroo sanitti barbaachisaa),

*istis-haab fi istihsaana*, hundinuu tooftaawwan goolabbii seeraa ittiin mijaa’anii jechuun, Qur’aana rakkoowwan qabatama qabaniif hojimaatessuudha. Caasaan kun kaayyoo fi qorannoo obsa qabu guddina suuta suutaa usuulaa faana bu’uuf ykn tooftaa yaada Islaamummaa fi dhiibbaawwan adda addaa asiin isa ga’uun uuman barbaachisaadha. Kun misoomsuu fi jajjabeessuuf akka caalatti beekumsa aadaa fi seera Islaamummaa tajaajiluuf kan fayyadu.

Beekumsa gadi fageenyaan bira ga’uu dhabuudhaan, tooftaawwan qorannoo ogummaa barnoota jalqaba Islaamummaa keessatti yaanni irraa burqe dhabuudhaan, hanqina jiruun alaa, jabeenya, jalqaba haaraa, gootummaa fi ibsa yaadota dhaloota san akeekan hubachuuf nuuf hedduu salphaadha.

Yeroma walfakkaatutti, fakkeenya guddina dhabuu, mata jabeenya fi wantoota faaydaa hin qabne tooftaawwan qorannoo Islaamummaatti makaman hubachuuun nama hin dhibu. Keessattuu yaadawwan *ijmaa’aa* akka ibsoota *usuulaatiin* hubatamanitti.

Yaanni usuulaa ammaan tana jiru waytii dur kan qophaa’ee fi dandeettii saniin fedhiwwan yeroo saniif deebii kan kenne akka ta’e hubachuun barbaachisaadha. Fooyyeffamni, jijjiiramanii fi kallattiiwwan walii galaa jireenya muslimaa qabatamaa keessa jiran jijjiirama tooftaawwan qorannoo barnoota wahyii fi barbaacha beekumsaatti dabalammuu qaban murteessuu irraa of qusachuu barbaachisani.

Yeroo fooyya’iinsi hundeeffamu, ulaagaawwan yeroo fi bakkaatiif hubannoon ga’aan kennammuu qaba. Ulaagaawwan

kun hiikama ykn jijjiirama kitaabota caasaa qajeelfama hoggansa Rabbii keessa jiran irratti kophattis ta'ee walii galattis dhiibbaa uumuu waan danda'aniifi.

Fakeenyaaf; hadiisonni nabiiyyiitii fi kitaabonni fiqhii tartiiba zaka'a oomisha beelladaa fi biqiltuu irraa kaffalamuu qaban guutuun guututti tarreessuun ibsan. Sababni kanaas yeroo nabiiyyiin itti jiraatan, Odola Lafa Arabiyaa keesatti kunniin maddoota galii turan.

Nabiiyyiin fedhiwwan dhabeeyyiitii fi hiyyeeyyotaa guutuuf maddoota galii argaman fayyadamutu isaan irra ture.

Fakkeenya indastirii, albuudaa fi qabeenya manneen jireenyaa, haala sadarkaa qabeenyaa fi oomishtummaa yeroo sanii irratti hundaa'uun zaka'a irraa bilisa itti ta'an ni jiru. Yeroo ammaa garuu, qabeenyi oomisha boba'aa irraa argamaa jiru seeraan kan hin eegaminii fi galiwwan handhuuraa fi biyya irraa argaman kan indastirii irratti hundaa'an akka ta'an argina.

Wantoonni haaraan akkanaa kaayyoo fedhiwwan hiyyeeyyii fi dhabeeyyii milkeessuuf ofeeggannoo fi xiyyeeffannoon irra deebi'amee hubatamuu kan barbaadani. Tooftaawwan yeroo fi bakkaa akkaataa sunnaa nabiiyyii walii gala, akkasumas walitti qabama ajajawwanii fi karoora saba muslimaa akka hundeessanii fi gurmeessan isaan qarqaare hubachuu irratti dhiibbaa uumuu qaba.

Hojiin qoranno, keessattuu kan sunnaa nabiiyyii irratti gaggeeffamu sararawwan wal-fakkaatan irratti misoomuu qabu. Wanti barbaadamu qorannoo gadi fagaatee fi kitaabota dhimmoota addaati. kun walitti dhufeenya dhimmoota adda addaa ifa kaayyoowwan nabiiyyiin muslimoota madiinaa keesa

jiraatanii fi Odola Arabiyaa uumuuf kaa'aman wal-taasisuuf kan fayyadudha.

Taateen yeroo, bakkaa fi qorannoon dhimmoota ilaalchaa sirriitiin raawwatamu, tooftaa qiyaasaa irratti xiyyeeffannoo addaa barbaadu. Qiyaasni goollabbiiwwan yeroo fi bakkaan hin daangeffamne, garuu fedha sunnaa nabiiyyii kabajuun kan mirkaneessudha.

Dabalataanis, qiyaasni wal-dhabiinsa itti fufaa kitabota dhimma barbaadamuun walitti dhufiinsa hin qabne yaada walitti qabama wantoota yeroo ammaa haqaan qabatama qaban barbaadaniin ala ta'an cinaan goolaba. Wal-dhabbiwwan kunniin dhimmoota faaydaa hin qabne uumuudhaan ummaa diiguun itti fufani.

Irra caalatti dadhabinni qorannoo miidhama qorannoota Islaamummaa irra ga'e akeeku dadhabuun akkasumas dadhabinni wantoota faaydaa hin qabne irraa argaman bu'a dhabiinsa wal-dhabiinsa akkanaa kan muldhisani.

Dhimmi tokko cinaadhaan gatii kan qabu ta'us dhimma haqa qabu jechuu miti. Gara biraatiin, goollabbiiwwan irra ga'aman faallaa wanta murtaa'ee ta'uu danda'a. kun kan ta'u yeroo dhimmi tokko haala yeroo fi bakka itti uumameen walitti qabatti hubatamedha. sababni isaas akkaataan walii galaa akkanaa yaada qiyaasaa akkasumas gatii kaayyoo tajaajiluu qabuu irratti dhiibbaa gochuu fi caalatti muldhisuu waan danda'ufi.

Abdiin hedduu kan kaa'u akkaataa beekumsa ibsa Rabbii bu'ee fi barbaacha beekumsa argamee hubachuuf qabnu irratti kan milkeessuuf karaan ga'ee sammuun keenya akka

ulaagaawwan yeroo fi bakkaatiif hubannoo barbaachisaa kennuun matadureewwan ga'ee sammuu keenya akka qarqaaru wanta haaraa argamsiisu fi akka mirkaneessu ibsuu keessa wanta jiru fakkaata.

Hubannoon irra deebi'ame kan akkanaa, sammun keenya akka tajaajiluu fi ibsa Rabbiitiin qajeelfamuun-qarqaarsa qiyaasaatiin-mul'ata walii gala hubannoo dhugaa qabu wiirtuu hambaa keenyaa wajjiin akka irra geenyu nu fayyada. Bu'uurawwanii fi kaayyoowwanis daangaawwan yeroo fi bakkaan alaati.

Itti dhi'eenyi akkanaa, sirna barnootaa fi leenjii keenya akka irra deebinee ijaarru fi tokkummaa beekumsaa fi hooggansaa akka milkeessinunu taasisan.

#### **4. Damee Barnoota Islaamessuu: saayinsii siyaasaa**

Rakkoowwan yaada Islaamummaa fuul-dura dhaabbataa jiran kan wal-xaxanii fi hubannoo barnoota tokkootiin caalatti garsiifamuu kan danda'ani. Jalqaba saayinsiin siyaasaa dirree qorannoo siyaasaa hanga ammaa sababa adda addaatiin hayyoonni muslimaa irraa fuulleffannaan gadi aanaatu kenneef. lammaffaa, walddhabbiin seena qabeessa jidduu beektotaa fi hooggansa siyaasaa jiru qorannoowwan Islaamummaa irra aanuuf tooftaawwan teeknikaa fi sirna hin qabne uumanii jiran. Sadaffaa, tooftaawwan ga'aa hin ta'in kunniin mul'ata walitti qabaa furmaataa fi filannoowwan yeroo fi bakkaa sirna qabeessa ta'anii fi morkiiwwan guddinaa, jijjiiramaa fi ijaarsaa dhiyeessuu hin dandeenye.

## A. Fakkiiwwan hanqinaa

Hanqinni beekumsa garanaan jiru fakkiiwwan lama eeruudhaan muldhisuuni danda'ama. Gaafiiwwan asirratti ka'uu danda'an hayyoonni seeraa beekamoon saayinsii seeraatiin kan dhiyaatani hanqina tooftaa ogeessa qorannoo dirree beekumsaa kanaa kamiyyuu beekamuu akka danda'uttiosoo hin furamin hafanii jiru.

Fakkeenyi jalqabaa*Ibnu Rushdiirraa* kan dhufu barreeffama dheeraa saayinsii seeraa irratti barreessan, 'bidaayat *almujtahidwa nihaayat almuqtasid*'keessatti hayyuun beekkamaan kun garaa garummaa ilaalchaa uggurtiiwwan murama mukkeenii yeroo lolaa irratti hayyoonni seeraa kan ittiin ibsani.

Yeroo nageenyaas ta'ee yeroo lolaa muslimni hundi ifattis, kophattis, wanta sirna shari'aatiin walsimu hojjachuun isaan irratti dirqama. Akeekkachiifni kun kan kennamuu qabu istraateejiiwwan waraana ammayyaa si'aa'ina jalqabaa fi tarkaanfii yeroo lola durii bakka adda addaatti fudhataman kan caalu waan gaafataniifi. Kana jechuun wantoota yeroo ammaa barbaadaman kan yeroo duriitiin baay'ee adda akka ta'an kallattiin yeroo uumama ejjannoo fi imaammata falmiiwwan waraanaa ittisuu fi wal-dhabiinsa siyaasaatiif furmaata argamsiisuuf hoggansaan kitaabota irraa eeruuf barbaadaman ofiyyuu yaada qabatamaan hin jirre kan hooggansi qabatamatti hojii irra oolchuu hin dandeenye ykn kan sirritti hubachuu hin dandeenye.

Yaanni bilisa ta'e rakkoo hundaaf wanta barbaachisu yeroo fi bakkatti hubachuun waa'ee itti gaafatamaa fi deebii

Islaamummaa dhimmi murtaa'e barbaadutti haala kanaan dhiyaatuu fi furmaata itti kennuun dirqama akka ta'e akeeka. Rakkoon qabatama qabu haala itti dhiyaatu fi tooftaawwan yaada keenyaa keessa Kan jirudha.

Fakkeenyi lammaffaa; *faqi*h yeroo ammaan tanaa *Sheek Sayyid Saabit* hayyuu naanna'a Islaamummaa biratti barreeffama isaatiin beekamaniiti. Kitaabni isaanii *fiqhi al-sunnaah* jedhamu hayyoota seeraa biratti iddoo ol-aanaa qaba. Kitaabnikun hayyuun beekamaan kun waa'ee *tabyiitaa* (jala bulanii diina irratti tarkaanfii fudhachuu) ittiin dubbatan ykn waa'ee jihaadaa boqannaa tokko kan of-keessatti qabudha. Saabit haala adda addaatiin mataduree kana kan hubatanii fi sababoota tarkaanfiiwwan halkanii dirqamsiisan ittiin ibsan.

Sababa kanniin keessaa: sodaa diinni muslimoota hidhaman ykn namoota lola keessatti hin hirmaatin ajjeessuu ykn miidhaa irraan ga'uu danda'uu kan xiyyeeffatedha. Wantoota muslimootaan raawwatamuu danda'an kan akka dukkana keessatti namoota tabuu (qulqulluu) addaan beekuu hin dandeenye ajjeessuu kan ittiin xiinxalanii goollabbii hin hafne. *Tabyiitni (jala buluu)* hayyamamaa ta'uu dhugoomsuu fi mirkaneessuuf mata duree kana irratti ilaalchawwan dhugaa hedduu eeran.

Rakkoon dubbisaa mata dureewwan jihaadaa, siyaasaa fi lola Islaamummaa keessaa guututti hubachuu barbaadu muudata sirnaawa barreeffama saadiq ykn dhugoomfama barreeffama isaanii keessa hin jiru. Kan jiru wantoota ogeessa addaatiin, barataa qorannoo, nama aangoo irra jiruu fi dubbisaa baratame-hundiisaanii murtiiwwan isaan qunnamuuf dirree addaa irraa



deebii barbaacha gara hojii saadiiq irra deebii eeguu dhabuudhaan kan uumamu. Akka carraa ta'ee, mul'ataa fi haalli itti dhiyaate dadhabaadha. Kanaaf abdiwwanii fi wantoonni isaan eegan lafatti hafe.

Tabyiitni lola durii, seeyfii fi eeboon lola farda yaabbataniin adeemsifamu keessatti wanta barbaadamaa akka ta'e hin shakkamu. Yeroo san dhibus, nam tokko kan biraatiin addaan beekuun hin danda'amu. Namoonni miidhaman yoo jiraatanis kurnaan ykn dhiibbaan kan lakkaa'aman qofa turan. Lolli ammayyaa garuu guyyaa fi halkan, dhiiraa fi dubartii addaan hin foo'u. Hubamtoonni dhibbaatamatti ykn kumaatamatti lakkaa'amu.

Namoonni ykn wantoonni badiinsaaf filataman faaydaa tarsiimoo qabaniin, eenyu akka achi jiraatuu fi hojjatu osoo addaan hin baasin turtii liphsoo ijaa keessatti jalqabamee xumuramuu ni danda'a. Waraana akkanaa keessatti, matadureen itti mari'ataa jiruu guutuun guututti walitti dhufiinsa hin qabnee fi faaydaa hin qabneedha.

Rakkoon walitti dhufeenyi kun qabu tooftaa qorannoo, qu'annoo dhiyeessaa, yaadaa fi xiinxalaati. Rakkoowwan yaada Islaamummaa, sababa hanqinoota tooftaatiin miidhaa dhufaniidha. Hanqina qorattoota siyaasaa Islaamummaa salphaatti hubachuu kan dandeenyu, yoo hanqinni kun haala qorannoo murtaa'aa, wal-faalleessaa fi haala gowwummaa qorannoo keenyaa keessatti mulatedha. kun ol aantummaa qajeelfamooota sirnoota akka kilaafaa, marii, haqa qabummaa, obbolummaa, walqixxummaa, bilisummaa fi itti gaafatamummaa booda jiraniin ala.

Rakkoowwan barbaachisaa ta’aniif furmaata kennuu dadhabuun, adeemsawwan yaada keenyaa ilaalcha siyaasaa keenyaa keessatti burjaaja’ina uumanii jiru. Hawaasni musliimaa si’aa’inaan itti hirmaachuu ykn humnoota jireenya isaa sodaachisaa jiran of irraa ittisuuf yaalii ga’aa godhuu dadhabnee jirra.

### ***Hanqinoota Gosa Lamatu Jira:-***

1. Hubannoo dogoggoraa waa’ee kitaabbiilee fi fakkeenya gaarii, kan madda mul’ata Islaamummaa yaadaa fi jihaadaa too’atan irratti qabnu.

2. Balaa, gowwummaa fi warra dhihaatti hidhachuu kan beektota kenya gaarii akka yaadaa fi sirnoota ilaalcha keenya quucarseef akka rajjiffatan taasise.

### ***B. Al kilaafah: Qorannoo Dhamma Burjaajessuu***

Dirree saayinsii siyaasaa keessatti yaada caalaatti sirnaan ala hubataman keessaa tokko sirna *kilaafaati*. Hayyoonni musliimaa sirna mootummaa nama tokkoon hoogganamuu akka ta’e hubatu. Hooggantoonni beekumsaa gariin haala dhiifama gaafachuutiin waa’ee hoogganaa haqaa *al mustabid al aadil* dubbatu.

Kallattiiwwan akkanaa qorannoowwan Islaamummaa haaloota teeknikaa kaliifan eenyuun akka ta’uu qabu, dhaalaan eenyuun akka ta’uu qabu, waadaan amanamummaa, dirqamni shari’aa akka hordufamu hoogganaa irra jiruuf ajajamuun itti gaafatama ummata irra jiruudha. Haa ta’u malee, wiirtuu hojii siyaasaatii fi dhaabaa gadi fageenyaan beekuu, sababootaa fi humnoota tasgabii caasaa hubaa jiranii, too’annawwan

filannoo murteessanii fi ga'ee kaadireewwan siyaasaa fi hawaasummaa taaytaa hogganaa tokko irraa, dhaloota tokko irraa kan biraatti dabarsuuf itti gaafatamaan guutumatti hubachuu hin dandeenye.

Sadarkaa kanaan barbaachisaa Kan ta'e dandeettii dabballeewwan kanaa akkaataa murtiin itti kennamu, too'achuu haala hooggansa taaytaatti hojjatuu fi daangaa darbuu hin qabne too'achuudha.

Fedhii hatattamaa sakatta'iinsaa fi too'annaa kanaaf jiru fuulleffannaa barreessitoota beekumsa kana guutuun guututti miliqe. Sababni isaas wal-dhabiinsa beektotaa fi hooggansa siyaasaa fi muxannoo ogummaa addaa fi barreessitootaa ta'uun hin shakkamu. Hanqinni kunniin akka yaanni gadi fageenya hin qabne, sababeessuun sirna hin qabnee fi ilaalchi waa'ee sirnaa haasa'a jiruu qofaa osoo hin taane kan seenaattu salphaa ta'u taasissee jira.

Hubannoon dogongoraa waa'ee sirna kilaafaa kan hundee hin qabne miti. Jalqaba sirni yaada Islaamummaa keessatti hiikkaawwan addaa amantaa fi seenaa bar-kumee tokkoo ol humna qabeessa ta'ee akka sirna heddduu barbaadamaatti kan beekamu sababa jijjiirama yeroo fagoo sanirraa jalqabeen uumamni qabxiin hojiiwwan caasaa sirna kanaa, ogeessotaanis akka hin hawwamne rakkisaa taasissee jira. Qorannoon sirnoota siyaasaa dhaabbilee sirnaan hundeeffaman, sanadoota fi qajeelfamoota mootummaa qorachuu qofaan kan daangeffamee miti. Sababoonni fi humnoonni ifatti sirna qabanii fi hin qabne, sirna irratti karaa

tokkoon ykn gara biraatiin dhiibbaa godhan of keessatti qabachuu qaba.

Dhabamsa itti dhiyeenya guutuu akkanaa keessattis sirnis, haala sirni itti dalagu hubachuunis dhibaa ta'a. Waa'ee caasaa gurmaa'ina akkanaa odeeffannoon ifatti galmeeffamee jiru hedduu xiqqaadha. Hanqinni akkanaa dogongora sirnaa ofii isaatii miti, bu'aa cinaa duubatti hafiinsa naannoo keessatti jalqabameeti.

Jalqaba Islaamummaa dura *Odola Lafaa Arabiyaa* keessatti sirni mootii wal-xaxaa ykn impaayeraa hin turre. Lafti gosoota addaan faca'an, hundi isaanii akkaataa jireenya ofii isaanii hordofaniin kan qabatameedha.

Gosoonni kunniin hundeeffama hawaasa muslimaa dura mootummaa tokko jalatti tokkoomanii kan hin beekne turan. Sababa morkiiwwan mudateetii fi hanqina dandeettii human namaatiin sanadiiwwan seeraan galmaa'an qabachuuf fuulleffannaa ga'aa itti kennuuf hin mijoo fneefi.

Sababa kanaan, mootummaan Muslimaa Madiinaa keessa hooggansa nabiiyyii fi waa'illan isaaniitiin hooganamaa ture. Hawaasa musliimaa hoogganuun dhimmoota siyaasaa fi waraanaa hawaasaa waggaa digdamii sadi'iif bulchuun ol wanti barbaadu hin jiru ture. Kanaaf, haala hooggantoonni itti filaman irratti hanqina odeeffannoo ga'aatu jira. Waahillan mootummaa hundeesan hooggansa walitti qabamaa uumuun isaanii waan hin hafne ture.

Dandeettii fi murannoo kaayyoo Islaamummaatiif qaban irratti sirritti kan wal-beekan turan. Hundi isaanii walitti dhufeenya nabiiyyii fi waahillan wajjiin qaban irratti eessa

dhaabbachuu akka qaban kan beekan turan. Filannoon kaliifaa wanti isaan hin dhibiniif sababa kanaaf ture.

Masjiidni bakka dhaabbileewwan hooggansaa fi uummanni ittiin wal-mari'atu, dhimmoota nageenya hawaasa musliimaatiin wal-qabatan furmaata itti godhan ture. Kaayyoo Islaamummaatiif murannoo horatame, kan hoggantoonnii fi miseensonni ummataas ittiin beekaman, akka sirni rakkoo malee hojjaatu kan taasisedha.

Yeroo *Al-Kulafaa'a Al-Raashiduun*, garuu bu'uurawwan cee'iinsi hooggansaa dhaloota tokkoo gara dhaloota biraatti, gara qajeelfamoota yeroo jireenya nabiiyyii fi itti aantota isaanitiin kaa'aman sirnaan gurmeessuuf yeroon hedduu gabaabaa ture. Sababni xumurama bara *al-kulafaa'alraashiduun* osoo hin turin, ulaagaawwan hoogganaan ittiin filataman kan akka jabummaa, dandeettiinii fi murannoon amantaa; jibbaa gosaatiin, faaydaa dhuunfaatii fi humnaan bakka bu'aman.

Kanaaf, qorannoon sirna *al kulafaa'al raashiduun*, ilaalchi haalli itti hojjatuu of eeggannoo kan qabuu fi ogummaa addaa qabaatuun barbaachisaadha. Guduunfaawwan gadi fageenya hin qabne fi hubannoo walitti qabame, yaadaan akka hoogganaan gara laafaan ofii isaatii qofa hoogganu kaayyoo Islaamummaa fayyaduu irra miidhaa uumutu caala.

Akkasumas itti dhiyeenyi akkanaa Qur'aanaan qajeelatti kan wal-faalleessuudha. Kun goollabbii ragaawwan qabatama hin qabne hedduu akka qabnu irra akka ga'u nu qajeelcha. Dhiphanni hambaa keenyaaf qabnu kan dhugaa yoo ta'e, haala hambaa sanii hunda qorannoo ogumma addaatiif fi sirna qabuun ilaaluu qabna. Kun caalatti barbaachisaa kan ta'u ijaarsa sirna

siyaasaa keenya akkaataa *al kulafaa'al raashiduun* irratti yoo hundeessinedha.

Dhimmoota ilaalcha gabaabaa irraa ka'an keessaa tokko ilaalcha dogongora waa'ee sirna *shuuraati*.dhimmi kun yeroo waraanota *riddaa (amantii irraa garagaluu)* murtii *Abuu Bakriin* kennameen kan ka'edha.falmiin yeroo sanii *Abu Bakir warra* (murataddoota) amantaa irraa deebi'an irratti lolli adeemsifamuu kan murteessan yoo ta'u Umarii fi waahillan biraa gariin yaada kana mormanii turan.Wanti haaraan namoonni sarara yaada falmii kana hordofan qabxiiwwan haasa'a Abuu Bakrii, kan lolaaf dhaabbatanii fi hiriyoota yaada kana falman akka kitaaba irratti barreeffameen hubachuu dhiisaniiti.

Falmiin kun dhimma hubatama sirna qabu wanta hin kaa'iniif kan dogongoraati. Moo'atamni gosoota waaqeffataa duriitii fi sirna haaraatti makamuun isaanii Rabbi irraa ibsi hedduu akka ba'an kan taasissee fi isaan (nabiyyiin) murtiiwwan akka kennaman kan taasisse ta'uu hin hubanne.

Wanti kun Islaamummaa fudhachuun wanta tokko ta'uu fi qajeelfamoota sirna haaraa kanaan hoogganamuun waan biraa ta'uu akeeka. Kun Qur'aana keessatti sirritti ibsamee jira (49-14).

Lammaffaan, falmiin kun amala Abuu Bakrii,kan obsa mararfataa,gara laafinaa fi ogummaa qabeenya isaanitiin beekaman beekumsa dinqisiifachuu ykn hubachuu dhabuudha.

Kana malees, taateewwan ilaalcha *Riddaatiif* sababa ta'an irratti wanti haaraan hin jiru.Yeroo jireenya nabiyyiituu gosoonni gariin sirna haaraa irratti fincilanii, namoonni gariinis

nabiyyummaa labsatanii turan.Namoota akka: *Museeylamaa, Sajhaa fi Al-Aswad Al-Ansi*,kan sirritti beekaman turan.Seenaa boodaa kana sirritti hubachuun, *Abuu Bakrimurtii* hin bilchaatinykn itti hin yaadaminkan murteessanii miti. Namoonni kanaan ala yaadan turtii yeroo fi yaalii hubannoowwan abshaala murteewwan siyaasaa ol-aanaa bu'uuressan, hubachuu warra dadhabani.

Xiinxalli walii gala dhimma kana falmii qabatama hin qabnee ol ykn mormii qeeqannoo jechaawwanii, qu'annaawwan jiran akka amannu fedhaniin ala ta'uu agarsiisani.

Jalqaba, dhimmi gaafiiwwan hawaasummaa fi siyaasaa odoloota lafaa Arabiyaa sirna haaraan deebisanii gurmeessuu kan kaasu yoo ta'u, Lammaffaan dhimmi kun asirratti rakkoowwan murtiiwwan siyaasaa irratti dhiibbaa godhanii fi haalawwan itti gaafatamummaa hooggansa siyaasaa fudhachuu jala jiraniif fakkii gaarii ta'u.

Kun falmii *Abuu Bakrii* akka kaliifaattii fi *Umar* akka bakka bu'aa garee ta'u kan jalqaba irratti hanga dhimmichi ga'u hin hubatin keessatti kan muldhate. *Abuu bakri ilaalcha* gorsitoota isaanii akka fudhatan ykn kilaafaa akka gadi dhiisan *Umar* itti himanii turan.

Abuu bakri filannoowwan kanneen keessaa tokkollee hin fudhanne.Ilaalcha isaanii irratti muuxannoon wanta sirrii ta'e hojjataa akka jiran guututti amanuun yaada isaanii obsaan falmachaa fi amansiisaa turan.

Xumura irratti, Umarii fi deeggartoonni isaanii qabxii ilaalcha Abuu bakri ilaaluun dhugaa akka ta'e amananii jiran. Umar booda irratti obsi Abubakri, ciminni, abshaalummaa fi

beekkumsi sirraawaan isaanii dogongora hin qabnee fi kan hin shakkisiifne akka ta'e amananii jiran.

Humni falmii kanaa onnee morkitoota dhugaa ejjannoo isaaniitti kan banee fi sababa kanaan karaa haqaa kan ittiin of deebisan ture. Dhimmi kun kaliifaan mari'achiiftota isaa irratti aangoo akka hin qabne, garuu gargaarsa fi amanama isaanii guututti kan injifate amaloota dhuunfaa isaanii akka ture kan agarsiisuudha.

Duraan dursanii kaliifaan karaa haqaa irraa maquu isaanii yoo hubatan humna fayyadamuun akka isaan qajeelchan itti himanii turan. Waliigalteen dhimma addaa kun qabxii ilaalcha *Abu Bakriitiitti* amanuu fi quufuu isaanii agarsiisu.

Qorataan haqaa faaydaa shuuraatii fi yeroo *al kulafaa'* al raashidiin akkamitti akka hojii irra oole hubachuu hin dadhabu.

Mariin walii galtee sirna malee, waan seera hin hordofne miti. Namoonni faallaa kanaa yaadan arga-gabaaboo turan. kufiitiin isaanii dhimmoota murtii kenyaa fi bulchiinsa daangaa itti gaafatamummaa murteessanii fi murtiiwwan siyaasaa marii, wal jijjiirraan yaadaa fi murteen xumuraa qaamota dhimmi ilaaluun akka kabajaman, sababa amantii jabaatii fi bohaartii yaadaawwan kanneen xiinxaluu keessaa jira. Marii fi amantaan cimaan akkanaa milkaa'inaaf barbaashisaadha.

### **C. Yaadotaa fi Jechoota yaada Islaamummaatiin Alaa**

Qorannoowwan Islaamummaa keessatti sirnoonni biyyoota alaatii fi jechoonni siyaasaa ogummaa isaan keessatti fayyadaman irratti hubannoo dhabuu heddutu jira. Burjaaja'uun kun gara tokkoon hanqina beekumsaa qorattoonni waa'ee



sirnoota biyyoota alaa kanaaf qabaniin kan uumamuu fi gara biraatiin hanqina itti dhiyeenyaatiin kan uumamu.

Dadhabinni kun yaadota alaa sadarkaa biyyoota qaroomanii irra ga'uuf yaalii godhamuun kan eda'amudha. Dhiibbaa akkanaa jalatti qorannoon hatattamaan kan adeemsifamuu fi sababa kanaaf kaayyoowwan barbaadaman milkeessuu kan hin dandeenye qofa osoo hin taane burjaajja'uu, loogii (nama fooyuu) fi shakkii kan jajjabeessu.

## **1. Dimokraasii**

Yaadonni lameen walitti dhufeenya qaban diimokraasii fi birmadummaan aadaa keenyaan ala.Ta'ullee, hayyoonni musliimaa akka jechoota akkaadamii fi akka yaadawwaniitti barbaachisummaadhaa ol kennaniifii jiru. Beektonni gariin hafuura fi barnoota Islaamummaa wajjin kan walii galanii fi yaada Islaamummaa fi sirnoota siyaasaa keessatti akka fudhatamuu qaban amanan.

Yaanni kanneenii fi hafuura walii gala Islaamummaa jidduu wal-fakkeenyi ifa ta'e gaariin akka jiru shakkiin hin jiru.Carraa dhabiinsaan, yaadawwan kunniin wantoota Islaamummaa hin ta'in of keessatti akka qabatan beektonni keenya hubachuu dadhabanii jiran.Dadhabbii kana keessa, yaanni Islaamummaa taateewwan bifa jijjiiratan dhaalee jira. Sababa kanaanis, hordoffiin, wal-fakkeenyi yaraa nii fi hubannoon hin barbaadamne mul'ata ammaan dura miidhame guutuun guututti akka jallifamu godhee jira.

Domokraasiin akka yaadaatii fi akka seeraatti hiddoota durii seenaa yaadaa fi falaasama dhihaa of keessaa kan qabudha.

Ulaagaawwan tartiibaa hooggantoota siyaasaa filachuu qofa kan mul'isuu miti. Itti fufiinsa uumama falaasama mi'ummaa ilma namaa, wanta qaama qabu kan gatiin isaa wanta qabatama qabuun faaydaa biyyaaf, hawaasaa fi addunyaa kennuun itti shallagamudha.

Haalli amantaa jireenya isaa, sona haqaa kan ta'e, sirna kana keessatti itti hin xiyyeeffatamne. Akka qabatamaatti, diimokraasiin garee namoonni dhuunfaan itti heddummaatanii yaadota isaanii itti ibsuu fi fedhiiwwan dhuunfaa ittiin argachuuf mirgaa fi humna ittiin argatan murna hagoof qooda gadi aanaa uuman.

Yaadonni akka irra jirummaa, filannoo, sirna paartii fi kkf sirnoota siyaasaa dhihaa keessatti barbaachisummaa olaanaa wanti kennameef kana. Sirnoonni kunniin hundeeffama amantaan alaa irratti wanta hundaa'aniif yaanni haqaa kamiyyuu nama dhuunfaatii fi hawaasaaf gatii qabatama qabu kan hin kenninee dha. Dhugaatti sirnoonni kun akka namoonni jajjabni dadhabina namoota laafaatti fedhiiwwan dhuunfaa guuttatan daandii miliqqeeti.

Mariin hoggansa sirna qabu filachuuf kan xiyyeefatu ta'us isaan irratti sakatta'iinsa fi too'annoo hundeesuun, murteewwan fudhataman, jajjabeeffamanii fi ummataan deeggaraman irra ga'uun diimokraasiin tokkoo miti. Diimokraasiin kaayyoowwan walfakkaatan milkeessuu fi fakkeessuuf yaalii godha.

Akka hiikkaatti shuuraan ilaalcha falaasama hedduu dimokraasii irraa adda ta'e irraa kan argame. Garaagarummaan, kun hubannoo haqaa akka jireenya wanta qabatama qabuutti

jiru, kan namni uumama isaatii fi ibsa Rabbiitiin irra ga'uu danda'uu, fedhiwwanii fi bu'awwan dhuunfaa irraan darbee argachuuf yaalii godhuu keessa kan jiru.

Akka tooftaatti, sirni marii tartiiba muslimoonni walii galanii taa'uun dhimmoota barbaachisaa irratti mari'achuun goollabbii ifa falaasama haqaatiin irra ga'aniin kan daangeffamani.

Dhimmi mari'atamu ykn hubatamu kan waa'ee haqaa ilaalu yoo hin ta'inii fi wanta tokko wanta biraa irra filachuu yoo ta'e, murteewwan akka filannoo ykn qabxii ilaalcha garee muraasaa fi kkf kabajuun miidhaa hin qabu.

Mariin dhabamsa walfakkeenya dhugaa qabuun yoo xumurame, furmaanni walfakkaatu fudhatamuu hin danda'u. Asittillee, namni hundi illaalcha isaa ykn isii fi ragaa walitti dhufeenya qabu osoo hin eerin murteen fudhatamuu hin qabu.

Murteewwan ariitiin qorqortiin ga'aan osoo hin ta'inii fi ija qabataniin hordofuun fooyyeffama nuti barbaannu nuu fiduu hin danda'u. Seenaa booda falaasama yaadota sirna kana ykn sanii wajjiin walitti dhufeenya kan qabu irratti yoo xiyyeeffanne uumama sirnoota siyaasaa Islaamummaa kan murteewwan irra ga'uu fi murteewwan hojii irra oolchuuf adeemsa dhihaa irraa guutuun guututti ta'e hubannoo kunuunfachuu hin dandeenye.

Sirna biyyoota dhihaa dimshaashatti fudhachuun kaayyoowwan waadaa galleef irraa kan nu foo'u qofa oso hin taane, booda irratti kan gara bu'aawwan balaa qabanitti kan nu qajeelchuudha.

## 2. **Birmadummaa**

Hayyoonni muslimaa gariin waadaan amantummaa namoonni dhuunfaa kaliifaa seenan ummataaf birmadummaa kenna jechuudhaan yaadni birmadummaa yaada Islaamummaa keessa akka seenu godhanii jiru. Warri kaan maddi shari'aa beekumsa ibsa Rabbii irraa beeksifame akka ta'e mormuudhaan, ilaalcha kana kan hin fudhannee fi humnoonni kanneen keessa safuun akka hin jirre kan amanani. Kanaaf, jechi *birmadummaa* jedhu Rabbiin qofa ibsa.

Akka yaada kiyyaatti, mormiin faayidaawwan ykn miidhaawwan jecha kana *niyyaa* fudhachuutiin ykn dhiisuutiin godhamu yaada Islaamummaatiif wanta fayyadu hin qabu. Mul'ata ibsuu irraa kan jallisudha.

Birmadummaan yaada dhihaa jijjiirama tirannaa sirnoota dhihaa keessatti gadi fagageenyaan hiddakangodhatedha. Yeroo hunda dirreewwan siyaasaatii fi seera keessatti itti gaafatamummaan murtii kennuu eenyuuf kennamuu akka qabu murteessuuf yeroo rakkookan nama gargaarudha.

Kan inni jalqabamebara uumama falmii sirna abbaa lafummaa fi mootummaa gonfoo tokkichoomuun mootummaa biyyummaa ijaarrataniiti.

Dhuma irratti jechi *birmadummaa* jedhu humna siyaasaa fi seera harka bakka bu'oota ummataatti akeekaman muldhisuuf fayyada. Kun gara siyaasaatiin ifa kan ta'e baldhina hirmaannaa siyaasaa boodaa fi argama gitoota haaraa saboota indastirii fi daldalaa keessatti taaytaa dhiibbaa ittiin uuman argachuuf waldorgoman erga uumamanii booda. Falmiin jecha kanaa fudhachuu ykn dhiisuu irratti adeemsifamu ifatti kan muldhisu,

uumamni heerri Islaamummaa hanqinaan akka hubatamee fi sirnoota Islaamummaa keessatti sadarkaa murtii keennuu addaa addaan beekuu dhabuudha.

Taaytaan tokko ykn sadarkaan taayitaa dhimmoota seeraa hawaasa musliimaa guutuun guututti sirriidha jedhanii yaaduun dogongora. Hawaasa muslimaa keessa qaamonnii seera tuman akka hin jirretti yaaduunis sirrii miti. Hanqina hubannoo garanaan jiru qulqulleessuuf sadarkaawwan tumsa seeraa dirreewwan ogummaa addaa saboota muslimaa ittiin murteessinu beekuu qabna.

Qabiyyeewwan heeraa kan bu'uuraa, qajeelfamoonni barbaachisaa fi safuuwwan Qur'aana keessatti ibsaman, kan gaafataman ykn tuttuqamanii miti. Akka jiranitti kan fudhatamus jiru. Garuu seerri sadarkaa dhimmoota jireenya guyyaa guyyaa fi Qur'aana ykn sunnaa irraa ibsaman qajeelaa hin arganne qaamonnii ogummaa addaa qaban seektaroota ummaa adda addaa keessa jiraniin too'atamuu danda'u.

Yoo kana kan hin fudhanne ta'e hojiiwwan Islaamummaa kan akka *Ijtihaadaa*, *Ra'yii* (ilaalchaa) fi *Tarjiiha* (caalchisuu) akkamitti ibsuu dandeenya?

Bu'aan yaalii akkanaa “Tumtii seeraa” yoo hin jedhamne, maal jennee waamna?

Qabatamaan, garaagarummaa fi wal-dhabiinsi keenya hedduu karaawwan kanaan dura ibsamaniin furmaata argatan. Karaawwan kun madda murtii fudhatamee ykn gareewwan wal-falman jiddutti diinummaa kan uumanii miti. injifannoofis iddoon hin jiru.

Sirnoonni dhihaa dimshaashatti akkeessuun naannota fi qaamotaa dhimmoota *ummaa* tajaajilan ibsuu irratti gara joonja'uu ykn burjaaja'uu nama qajeelchuun waan hin oolle. Kunis sirna barumsa Islaamummaatiin hojjatamuu qaba.

Yaada birmadummaa calluma jedhanii fudhachuun sirnoota lameen walitti makuun ummaan humna murtee kennuu akka dhabuu fi gara nama dhuunfaa wanta sirrii ta'ee fi wanta dogongoraa hiikkaa ofii isaatiin amala akkanaa kennuu ykn caasaan fedha Islaamummaatiin akka ta'e osoo beekamu, taayta guutuu harka ummaa kaa'utti kan qajeelchuudha.

Birmadummaan daangeffama caasaan siyaasaa Islaamummaa ittiin gurmaa'u keessatti bakka hin qabu. Haa ta'u malee, naannoowwan hojiin tumtii seeraa bu'uuraa keessa ni jira. Dhimmi mul'ataan jiru maddi murtii kennuu beekumsa Rabbii irraa argame ykn uumaa ta'uu miti. Raawwii sirna Islaamummaatiif dhimmi qabatamaan tooftaa kaayyoo dhugaatii fi hafuura barnoota Islaamummaatiin akka uumaman ga'ee isaa akka hojjatu taasisa. Tooftaan kun sirna daangaa Islaamummaa, jijjiirama tirannaa, fi rakkoowwaan bara *umawiyyaa* irraa jalqabee isa mudate sirritti hubachuuf, akkasumas jireenya fuulduraatiif murannoo argamsiisuuf barbaachisaadha.

### **3. Amantaa fi Mootummaan Addaan Ba'uu Dhabuu**

Dhabamsa barreeffama dirree saayinsii siyaasaa keessatti ifa ta'eetiin hayyoonni muslimaa, Islaamummaan, biyya, amantaa ykn lamaanuu kan ta'eefi kan ta'uu dhabe irratti gaaffii dhiyeessuu itti fufanii jiru. Falmiin kun beektota muslimaa biratti fedhiwwan jeequmsa yeroo keenya keessatti barbaachisummaa

haaroomsa kilaafaa hordfsiisee jira.Dhimmoonni lameen kun injifannoo ogeeyyii Qu’annoo addaa biyyoota bahaatii fi namoonni muslimoota hin ta’in yaada beektotaa akka joonjessanii fi jallisan ga’atti agarsiisu.

Dhimmoota kana taasisuun, fuulleffannaan keenya hojiiwwan caalatti faaydaa qaban itti hirmaachuu irraa gara biraa jallifamee jira.Dhugaadhaan dhabamuun qorannoo fi tooftaa sirna qabuutiin maleetti, qulqullina mul’ataa argachuu hin dandeenyu, dhimmoota faaydaa hin qabne kan faaydaa qabaniin hubachuun dogongoruun kan itti fufu ta’a.Hubannoon walii gala Islaamummaa akka muldhisutti, addaan ba’iinsaa amantaa fi siyaasaa jidduu bifa kamiinuu, gara kamiinuu hin jiru.

Islaamummaan yaada akka uumama uumaa dansaa fi hamaa, aakiraa (jiruu du’a boodaa) fi KKFn hundi isaanii amala namaatiif sadarkaawwan dhuunfaatii fi hawaasaatti qajeelfaman sirna qabu kennuu irratti kan xiyyeefatani. Qabxiin kun gadi fageenyaan ibsamuun sirritti ifaadha. Dhugaan garuu, mata dureewwan dursaa irratti haasaan barbaachsimmaan ala turanii fi faaydaa hin qabne haalawwan uumantu jira.Haalawwan kunis:-

Falseenyi kanaa Kiristaanummaa namoota muslima hin ta’iniin dogongoraan itti hubatame. Muslimni rakkina beekumsaa hubachuu, sirnoota jiranitti gammaduu dhabuu fi balaa keessaa karaa salphatti ba’uu fedhaa jiru.

DiinonniI slaamaa waa’ee Islaamummaa muslimni hubannoo hin qabne akka faarsaa jiranitti akka amantii barreessuun haala kanatti fayyadamanii jiran.Kennaa dhaala iccitiwwan Rabbii hin falmisiifneen kan guutame akka ta’e

leellisuu. Akka waan fedhiiwwan jireenya hawaasaa gara cinaatti qabamee fakkeessan.

Ergaa yaanni Islaamummaa hin qabne kun sammuu keessa kaa'amee yaadota akka sanyummaa, sabboonummaa, seekulaarizimii fi koominizimii-hundi isaanii kaayyoo qajeelfamootaa fi safuuwwan Islaamummaan faallaa ta'aniin sammuu muslimootaa butuchuu jalqaban. Muslimootaaf bu'aan xumuraa joonja'uu salphinaa fi humna dhabuudha.

Dhimmi *kilaafaa* bakka bu'iinsa haala joonja'uu muslimoonni wantoota akka yaadaa, safuuwwan, qajeelfamoota Islaamummaa fi raawwii seena qabeessa hawaasa muslimaa bakka bu'uudha.

Akka walii galaatti, sirnoota seena qabeessa ta'an guutuun guututti deebisanii hundeesuun yoo kan hin danda'amne ta'uu baatellee hedduu rakkisaadha. Kun abdi sirna kilaafaa deebisanii dhaabuu wanta fagootti danda'amu qofa kan godhudha. Keessattuu yoo sirnichi akka fakkeenya dhaabbilee siyaasaatti yoo dhaabatedha.

Kun abdiwwan akkanaa qorattoota aadaa Biyyoota Bahaa ykn hayyoota muslimaatiin akka barbaadametti hamma hubannoo sirnaawaa hiikkaa akkanaatiin raawwatanis kun dhugaadha. Kilaafaan jecha Islaamummaa hundeeffama sirna hawaasaa fi siyaasaa Islaamummaa ol akka hin ta'in xiyyeeffannaa itti kennuun barbaachisaadha.

Sirni kamiyyuu, bifa kamiinuu, Kan fedhiiwwanii fi bakkaa irratti hundeeffame sirna khilaafaatiin wal simuu ni danda'a. Bu'uurawwan Islaamummaa dhimmoota hafuuraa fi nuffisiisaa ummaa kan too'atan yoo ta'e, muslimni dhugaa



kamiyyuu sirna kaayyoo Islaamummaa san irratti hundaa'inii fi murannoo hin qabne kan fudhatuu miti.

Sirni kilaafaa yaada mijaa'aa muslimni hundi qabsaa'uu qabanii fi qabsoon keenya garuu yaada dogongoraa wantoota beekumsaa fi muxannoo dhala namaatii ol ta'aniin ykn seenaatiin duumessaa'uu hin qabu. Namoota eenyummaa Islaamummaatiif kabaja hin qabneenis sobamuu hin qabnu. Yaaliiwwan akkanaa obsa, murannoo fi haaromuu barbaadani.

### **C. Qorannoowwan Siyaasaa Yunivarsiitiiwwan Muslimaa**

Ergaan ol aanaan barruu kanaa islaamessa beekumsaa akka walitti qabaatti fi saayinsii siyaasaa addatti Islaamessuudha. Adeemsa islaamessuu keessatti ulaagaan jalqabaa qorattoonni siyaasaa Islaamummaa akka wanta dhugaa fi qabatama qabu ta'e yaada ifaa qabaachuudha.

Gadi fageenyaan osoo itti hin deemin, kitaabbileen qorannoowwan siyaasaa Islaamummaatiin walitti dhufeenya qaban calaqqisoota dhuunfaa guutuu harka tokkotti ol hin ta'in waa'ee seera, heera Islaamummaa, bulchiinsaa, seenaa jireenyaa fi seerota lolaa fi nageenyaa too'atanii ol miti jechuun ni danda'ama.

Daangaa dhiphoo kanaan ala, ykn sababa kanaa fi sirna barnootaa heddummaatan keessatti bakka baay'ee xinnoo qabatu. Qorannoowwan kunniini ga'aa miti. Sababni isaas:

1) Dirree yaada siyaasaa Islaamummaa keessatti qorannoowwan xiinxallii qaban baay'inaan dhabamuu.

- 2) Uumamaa fi barbaachisummaa dhimmoota ta'uumsa siyaasaatiin gara seenaa Islaamummaa dhufan faana bu'uuf yaaliin dhabamuu.
- 3) Sirna keessatti wantoota jalqabaa fi kan alaa ta'an addaan beekuuf ykn wantoota dhaabbataa fi turtii hin qabne addatti beekuuf yaaliin dhabamuu.
- 4) Walitti dhufeenya addunyaa irratti hiikkaan Islaamummaa ifa ta'e dhabamuu.
- 5) Wantoota hundeewwan ummaa irratti haqaan dhiibbaa godhan muxannoowwan hawaasa Islaamaa fi walitti makamni biyyoota kaawwan waliin guutuun guututti dagatamee jira.
- 6) Qorannoowwan waa'ee sirnoota mootummaa Islaamummaa sadarkaa biyyoolessaa fi addunyaatti adeemsifamanii fi barnoonni raawwii dhugaatiin sirnoota kanneen irraa baratamanis ga'aa miti.

Fooyya'iinsa milkeessuuf itti qabsaa'aa jirru islaamessa beekumsaa akka walii galaati; saayinsii siyaasaa addatti barbaadan. Sababni isaas, dirree kana keessatti hubannoon sirna qabu yoo hin jiraatin *ummaa* deebisanii ijaaruu fi dabballeewwan hooggansaa qopheessuun hin danda'amu.

Akka jalqabaatti, kan giddu galeessota qorannoo hundeessuu fi mul'ata keenya qulqullinaan ibsuuf mariiwwan adeemsisuu fi kaayyoowwan keenya hunda caalatti ibsuun kan hojjatamu namoonni itti gaafatamummaa hojiiwwan kanneen qaban ogeessota addaa dhimmoota Islaamummaatii fi faa'idaa ummataatiif murannoo kan qabani. Tattaaffiin barbaadamu kan nama gammachiisu ta'uu amanuun barbaachisaadha. Dhala seenaa Islaamummaa maddoota jalqabaatii fi lammaffaa irraa

walitti qabuu fi tooftaan xiinxaluu waan gaafatuuf gulaalliin hedduu barbaachisaadha.

Dhimmoonni saddaan ba'uu qabu.Jechoonni haaraan moggaafamuu fi fooyyeffamuu ykn akka haaraatti ibsamuu qabu.Akkasumas haaromfamni dimshaashaa barbaachisaadha.

Hubannoo gadi fageenya qabuun hidhachuun, hubannoo xiinxallii qabuu fi qorannoo tooftaalee beekumsa namoota muslimoota hin ta'iniin argame qorqoruu hin dadhabu ykn tooftaawwan shaakalaa haaraa kunuunsuu irraa of qusachuu hin qabnu.Kun kan ta'u garuu garaa garummaa seenaa boodaa, ka'umsaa fi kaayyoo hubanee turuu yoo dandeenyedha.

Amma dura yeroon baay'ee kan baraaxa'ee jiru ta'ullee buufannoowwan, dhaabbileen akkaadamii fi giddu galli qu'annoo amma morkii kana ofitti fudhachuu qabu.

Xumurameera!

## KITAABNI KUN

*Kitaabni kun Islaamummaan beekumsa cimaa fi injifannoolee dingisiisoo argamsiisuu, adeemsa keessa sababa burjaajii beekumsaa fi wal-qoqqoodiinsa hooggansaatiin rakkoon qaroomina Islaamummaa bu'uuraa irraa maquu argamuu ibsa. Kanaan hooggansi siyaasaa cunqursitootaa as baanaan, hayyoonni amantii kallattii amantii qofatti fuulleffatan. Abdullaahibni Al-Zubeeyrii fi Abuu Haniiifaan waan kana dursamorman. Dhaabbileen Muslimaa biyyoota akka Turkii fi Masriis yaaliwwan godhan hin milkoofne.*

*Kana sirreessuuf jecha, barreessaan kun sirna jireenya ammayyaa fi naamusa Islaamaa waliin deemu, kan akka Ijmaa'aa, Iftaa'aa fi Qiyaasaa fooyyessuun, yaadota akka dimookraasii fi walabummaa islaamessuu gadi fageenyaan qorate. Nabiyyichi (SAW) dandeettii hooggansaa cimaa osoo qabuu, Sahaabota mari'achiisaa ture. Garuu kufaatii Usmaaniyyoota booda, warri Dhihaa humnoota isaanii gurmeessanii, Muslimoota injifatuun dhangala'a dhiigaa fi jireenya gagga'amaf isaan saaxilan.*

*Dadhabinni xiinxaltoota Islaamaas, ijtihaadatti fayyadamuun dame barnootaa siyaasaa islaamessuu irraatti tattaaffiin ibnu Rushdii fi Sheek Sayyid Saabit ol'aanaa ta'uu ibsa. Kana milkeessuuf hayyoonni Muslimaa beekkumsa durii sanatti deebi'uun dandeettii fi beekkumsa ammayyaas qixuma sanaan cimsachuun, bilisummaa yaadaa fudhachuun dirqama jedha. Yuunivarsiwwan Muslimmaas giddugaleessota qorannoo hundeesuun hubannoo hawaasaa cinsuun dhaloota kanaaf hojii ijoo ta'uu qaba jedha.*